# Ergaa Yaaqoob Erge

## Seensa

Ergaan Yaaqoobii ta qajeelfama leetoo guyyaa guyya'aatiif teetu qabatteertu tun, «Kolbaa Waaqaa ta biyya lafaa duudii irratti bittinnootte maraaf» barreeffante. Barreessaan marroo mala qarummaa hujii irra oolchinuu, marroo waan ilaalchaa fi amala kiristaanaatiif qajeelfama te'uu, dubbii itti fakkeessa'aa ta ifa teete heddu'uun dhikeessa. Marroo hiyyumma'aatii fi durumma'aa, marroo ataabe'ee, marroo amala dansa'aa, marroo hinaaffa'aa, dhugeeffanna'aatii fi hujii dansa'aa, marroo fayida'aa fi miidhaa arrabaa, marroo qarumma'aa, marroo wol loliisaa, marroo kooriisaatii fi ifi gad qabu'uu, marroo namatti muriisaa, marroo ifi jajiisaa, marroo ossatiisaatii fi marroo daadimanna'aa, marroo waan kiristaanoti godhiisaaf malanee tokko tokkoon barreesseera.

Ergaan tun haala dhugeeffannaan jiruu kiristaanaa keessatti huji'iin mudhattuu, ifa gootee mudhitti.

**Haadhoo Dubbi'ii**


Seensa*1:1*

Dhugeeffanna'aa fi qarummaa*1:2-8*

Hiyyumma'aa fi durummaa*1:9-11*

Haga ilaallatamu'uu fi ataabamuu*1:12-18*

Jecha Waaqaa dhage'anee hujii irra oolchuu*1:19-27*

Nama wol caalchisuu irraa ifi eeggachiise*2:1-13*

Dhugeeffanna'aa fi hujii*2:14-26*

Kiristaanaa fi arraba isaa*3:1-18*
Kiristaanaa fi biyya lafaa*4:1—5:6*
Gorsa adda addaa*5:7-20*

1 Ana Yaaqoobii tajaajilaa Waaqaatii fi Goottaa
keenna Yesuus Kiristoosii irraa, gosa kudhanii
lama ta biyya lafaa duudi'itti bittinnoottaneef:
Nageenni isiniif te'u.

### *Dhugeeffanna'aa Fi Qarummaa*

2 Obboleeyyan tiyya! Haga ilaallatama adda ad-
daatiin ilaallatamuun yoo isinitti dhuttelle, akka
gammadaatitti fudhadha'a!
3 Sababille haga ilaallatamuun dhugeeffannaa
teessanii ciniinnattanee ossiisa akka fidu hin
beettan.
4 Haga muumme'ee ciniinnattanee ossiis
keessan worra bilchaatee fi guutuu te'e, ka
dhidhinna hin qanne akka teetanu isin gootuu
ti.
5 Nami isin keessaa qarummaan dhidhatte yoo
jiraate, Waaqa nama maraaf arjumma'aa fi komii
malee kennu gaafatuu ti! Innille isaaf hin kenna.
6 Ammoo adoo hin mamin dhugeeffanna'aan
gaafatuu ti; nami mamu akka danbalii
abbaaya'aa ta qilleensaan asii fi achi darbantuu
ti.
7-8 Nami akkasii, ka yaada lamaatii fi karaa
maraan raafamaa waan te'eef, Goottaa biraa
waan tokkolle hin dhaggadha jedhee hin eegatin.

### *Hiyyumma'aa Fi Durummaa*

9 Obboleessi gad aanaan, waan Waaqaan ol
qabamuuf ifi jajuu ti!

---

**1:1** Mat. 13:55; Mar. 6:3; HuE. 15:13; Gal. 1:19

10 Durummaalle akkuma daraara'aa waan
dabartuuf, obboleessi dureessille yoo Waaqi isa
gad qabe ifi jajuu ti!
11 Aduun o'a isi'ii ka woxaluun baatee daraaraa
qoorsiti; daraaraan hin harca'a, dansummaan
isaalle hin baddi. Akkasuma dureessille, hujii ifii
adoo hujatuu hin bada.

### *Haga Ilaallatamu'uu Fi Ataabamuu*

12 Nami ataabee ciniinnatee ossatu ka badhaadhe. Sababille ataabamee haga ilaallameen
duuba, gatii* jiru'uu ka Waaqi worra isa jaalatuuf
waadaa gale hin fudhata.
13 Nami yennaa ataabamu, «Waaqi na ataabe»
hin jedhin; Waaqi hantu'uun hin ataabamu;
ifille'eef nama hin ataabu.
14 Ammoo nami martinuu halchuma ifiitiin
yennaa sossobamee sobamu ataabama.
15 Achiin duuba, halchaan sun yennaa ulfootte,
cubbuu dhalti; cubbuun sunille, yennaa guddattee geette, du'a dhalti.
16 Obboleeyyan tiyya ta jaalatantane, hin
sobamina'a.
17 Arjummaa dansa'aa fi kennansi mijuun mara
abbaa ifa ol-gubba'aa dade, ka akka gaaddisaa
garagaggaliis yookiin jijjiiramiis bira hin jirre biraa dhufa.
18 Nuuti dada isaa maraaf angafa akka teenuuf,
Waaqi fedhii ifiitiin jecha dhuga'aatiin nu uume.

### *Dhage'anee Hujii Irra Oolchuu*

19 Obboleeyyan tiyya ta jaalatantane, tana hubatuu qaddan! Nami martinuu dhage'iisaaf ka

* **1:12** *Gatii:* Kallacha

ariifate, dubbatiisaa fi aariisaaf ka hin ariifanne
te'uu ti;
20 sababille aariin namaa balchummaa Waaqaa
hin fiddu.
21 Tanaaf battumma'aa fi bacatiisa hammeen-
naa mara ifi irraa balleessa'a; jecha lubbuu
teessan fayyisiisaaf hunna qabu, ka isin keessatti
dhaabame san gadhi laafumma'aan fudhadha'a.
22 Worra jecha hujii irra oolchu te'aa malee,
worra dhage'u qofa teetanee ifi hin sobina'a.
23 Nami jecha dhage'ee hujii irra hin oolchine
ammoo, akka nama fuula ifii daaw'iti'iin ilaaluu
ti;
24 inni ifi ilaalee deemeen duuba, yoosuma
maan akka fakkaatu hin dedha.
25 Ammoo nami Seera Waaqaa ka dhidhinna
hin qanne, ka bilisa baasu hubatee ilaalu, ka ittille
ossatu, ka dhage'ee hujii irra oolchuu fi ka hin
deene hujii ifiitiin ka eebbifame hin te'a.
26 Nami, nama dhugeeffannaa qabu ifi seyee,
arraba ifii hin eeganne ammoo ifi soba malee,
dhugeeffannaan isaa gatii hin qaddu.
27 Waaqa Abbaa duratti dhugeeffannaan qul-
litti'ii fi xurii hin qanne tana: rakkinna ijoollee
abba'aa fi haadha hin qannee, dubartoota abbaan
manaa irraa du'eelle gargaaraa, xurii biyya lafaa
irralle'ee ifi eeggachu'u.

# 2

## *Nama Wol Caalchisuu Irraa Ifi Eeggachiise*

1 Obboleeyyan tiyya! Goottaa ulfinnaa keenna
Yesuus Kiristoositti dhugeeffannaa eega qabaat-
tane, nama wol hin caalchisina'a.

2 Nami dureessi tokko qubee worqi'ii keya-
tee, woyaa dansaalle uffatee gara wolitti qabama
keessanii yoo dhufe, namichi hiyyeessi woyaa ci-
ccittu'uulle yoo ol seene,
3 isin namicha woyaa dansaa uffate san
ulfeessiisaan, «Ati addee dansaa tana tee'i»
jettanee, namicha hiyyeessa saniin ammoo, «Ati
achi dhaabbadhu yookiin as miila kiyya jala tee'i»
yoo jettane,
4 odduu teessanitti nama wol caalchittanee,
worra yaada hama'aan muru te'uu keessanii
motii ree?
5 Obboleeyyan tiyya ta jaalatantane, dhage'aa!
Waaqi akka isaan dhugeeffanna'aan dureeyyii
te'anuu fi mootummaa inni worra isa jaalatanuuf
waadaa gale san akka dhaalanuuf, worra biyya
lafaatitti hiyyeeyyii te'ane filateeraa motii?
6 Isin ammoo worra hiyyeeyyii ulfinna dhooggi-
tane; worri isin hacuucu, worri gara kora mura'aa
isin harkisu dureeyyi'ii motii?
7 Maqaa dansaa isin ittiin waamantanu ka faan-
shessu isaanii motii?
8 Seera mootummaa Waaqaa akka Barreeffam
Woyyichi, «Ollaa keeti akka ifi jaalattutti jaaladhu»
jedhutti, yoo muummessitane dansaa gootane.
9 Nama yoo wol caalchittane ammoo cubbuu
hujjan; akka yakkaamessa tokkootitti seerri
isinitti mura.
10 Nami tokko seera kaan mara eegatee,
tokkocha yoo balleesse, akka waan maraayyuu
balleesseetitti yakki itti hin murama.
11 Ka, «Hin gaarayyeeffatin» jedhettuu, «Hin ij-
jeesin» waan jedheef, ati yoo gaarayyeeffatuu

dhaddelle, eega ijjeette yakkaamessa teeteerta.
12 Akka worra seera bilisummaa kennu duratti
dhikaatee muraa dhaggatuu dubbadha'a, hujad-
haalle'e.
13 Nama marartii hin qannetti, marartii malee
itti hin muranti; marartiin muraa hin injifatti.

### *Dhugeeffanna'aa Fi Hujii*

14 Obboleeyyan tiyya! Nami tokko, «Ani dhuge-
effannaa qaba» jedhee, hujii dansa'aan dhugeef-
fannaa ifii yoo hin mudhisin, maan isaa baati?
Dhugeeffannaan akkasii sun isa fayyisuu hin dan-
deettii?
15 Obboleeyyan yookiin obboleettoti, waan uf-
fatanuu fi nyaatanu hin qanne yoo jiraatane,
16 isin keessaa nami tokko, waan le'ii isaani-
itiif barbaachisu adoo hin kenniniif, «Nageyaan
deema'a, hin boojjatina'a, quufa'a!» yoo jedheen,
maan isaaniif baati?
17 Maarre dhugeeffannaan hujii dansaa hin
qanne ta duute.
18 Nami tokko, «Ati dhugeeffannaa qadda; ani
hujii dansaa qaba» yoo jedhe, ani, «Dhugeeffannaa
teeti hujii irraa gargar baasiitii natti mudhisi;
anille dhugeeffannaa tiyya hujii tiyyaan sitti mud-
hisa» hin jedhaan.
19 Ati Waaqi tokkochi akka jiru hin dhuge-
effatta; dansaa goote! Durriisotille tana hin
dhugeessan, sodaataneelle hin hollatan.
20 Namicha gowwa'a! Dhugeeffannaan huji'iin
malee ta gatii hin qanne* akka teete beekiisaaf
dhugaa itti barbaaddaa?

---

* **2:20** *Ta gatii hin qanne:* Ta duute

21 Abbaan keenna Abrahaam ilma ifii Yisihaq,
addee ciincaan itti ciinceffamu irratti yennaa dhi-
keesse, huji'iinii motii ka balchoome?
22 Tanaan dhugeeffannaan isaa hujii isaa woliin
hujataa akka turte, dhugeeffannaalle huji'iin
akka muummotte hin dhaggituu?
23 Barreeffam Woyyichi, «Abrahaam
Waaqa dhugeeffate, dhugeeffannaan
isaalle balchumma'atti laakkowante» jedhu
muummowe; innille jaala Waaqaa jedhame.
24 Nami huji'iin malee, dhugeeffannaa qofaan
akka hin balchoonne hin dhaggitan.
25 Akkasuma, Rahaabiin sagaagaltittiille yen-
naa worra Israa'elii ka ergamee dhufe san fud-
hattee, karaa dhibi'iin akka bayanu goote, hujii
ifiitiin balchoontee motii?
26 Nafi hafuura† hin qanne ka du'e; dhugeeffan-
naan hujii hin qannelle ta duute.

# 3

*Arraba Leenjisuu*

1 Obboleeyyan tiyya! Isin keessaa nami hed-
duun barsiisota hin te'ina'a. Sababille nuuti worri
barsiisota teene worra kaan caalaa muraa akka
fudhannu hin beettan.
2 Nuuti martinuu dokonkora hedduu goona;
nami dubbii ifiitiin hin dokonkorre, nama nafa ifii
duudii toowatuu dande'u, nama miju'u.
3 Fardi akka nu'uuf ajajamu bixaala afaan
keessa keenna; gara feene isa geessina.
4 Me hoboloo guddittii ilaala'a! Hoboloon gud-
doon adoo guddo'ootuu, qilleensa jabaalle'een

† **2:26** *Hafuura:* Ayyaana

adoo oofantuu, nami hoboloo oofu shaffisaa
diqqaa tokkoon gara fedhe oofa.
5 Akkasuma, arrabille qoqoodama nafaa
keessaa waan diqqaa tokko adoo te'eeruu, waan
gugurdo'oon ifi jaja. Gongomaan guddaan ibidda
diqqaa tokkoon attam akka gubatu hubadha'a!
6 Arrabille ibidda. Inni qoqoodama nafaa
oddu'utti ka dhaggamu, biyya lafaa ta hammeen-
naa ti; nafa duudii batteessa; akka ibidda qilee
ibiddaa keessaa bayuulle ideensa le'ii teennaa du-
udii hin guba; ifille'eef ibidda qile'eetiin gubata.
7 Nami bineensota adda addaa, sinbirroota,
bineensota lafa irra lowu, bineensota bisaan
keessaa leenjisuu hin dande'a; leenjiseeralle'e.
8 Nami arraba leenjisuu dande'u ammoo hin
jiru; inni hadhaa du'aatiin ka guutamee fi hamaa
hin toowatanne.
9 Nuuti arrabaan Waaqa Abbaa keenna
galateessina, isumaanuu namoota fakkeenna
Waaqaatiin dadamane abaarra.
10 Afaanuma tokkocha keessaa galataa fi
abaarsi baya; obboleeyyan tiyya! Kun te'uu hin
malle.
11 Maddi tokkochi bisaan mi'owuu fi hadhowu
hin maddaa?
12 Obboleeyyan tiyya! Muki harru'uu midhaan
ejersaa, muki woyni'iille midhaan harru'uu bu-
usuu hin dande'aa? Akkasuma maddi horaa
bisaan nami unu madduu hin dande'u.

### *Qarummaa Ol-gubba'aatii Fi Lafaa*

13 Isin keessaa qarichaa fi hubataan eennu?
Inni le'ii ifii dansa'aan, waan ifi gadi qabiisaa fi
qaroomaan hujuun mudhisuu ti.

14 Gadhaa keessan keessatti hinaaffaa had-
hoottu'uu fi ifi jaalachuu yoo qabaattane ammoo,
ifi hin jajina'a! Dhugaa irralle'etti soba hin dub-
batina'a!
15 Qarummaan akkasii tun ta lafaa, ta ayyaan-
tummaa hin qannee fi ta durriisaa ti malee, ta ol-
gubbaa irraa dhuttee moti.
16 Addee hinaaffa'aa fi ifi jaalatiis jirtutti hoga'aa
fi waan hantuu maratti jira.
17 Qarummaan ol-gubbaa irraa dhuttu
matooma qulqullitti'i; akkasuma nageellitti'i,
qajeeltu'u, ifi kennitu'u, mararti'ii fi midhaan
dansa'aan ta guutante; wol caalchisiisaa fi
kijibille ta keessa hin jirre.
18 Worri nageya buusu, nageya facaasee, mid-
haan balchumma'aa wolitti qabata.

# 4

## *Biyya Lafaa Woliin Jaalomuu*

1 Lolaa fi falmiin odduu teessan jirtu, eessaa
dhutte? Halchaa nafa keessan keessatti wol loltu
irraa dhuttii motii?
2 Isin waan tokko hin halchitan, ammoo hin
dhaggattanu; tanaaf nama ijjeettan. Jabaatta-
neelle woy halchitan, dhaggatiisaaf hin dandeet-
tanu; tanaaf wol falmaa wol loltan. Waan hin
daadimanneef, waan barbaaddanu hin dhaggat-
tanu.
3 Yennaa daadimattanulle, gammada foonii irra
oolchiisaaf, yaada hama'aan waan daadimat-
tanuuf hin dhaggattanu.
4 Isin kolbaa Waaqaaf hin addatanne! Biyya
lafaatiin jaalomuun diina Waaqaa akka nama

gootu hin beettanuu? Tanaaf nami jaala biyya
lafaa te'uu halchu, diina Waaqaa hin te'a.
5 Yookiin Barreeffam Woyyichi, «Waaqi, ayyaana
nu keessa keyeef hin hinaafa» yennaa jedhu,
akkasumaan ka dubbatu isinitti fakkaataa?
6 Waaqi ammoo badhaadha irra caalu hin
kenna; tanaaf Barreeffam Woyyichi,
«Waaqi worra kooru hin morma,
worra gad ifi qabuuf badhaadha hin kenna»
jedha.
7 Maarre Waaqaaf ajajama'a; Seexana ammoo
morma'a, innille isin baqata.
8 Gara Waaqaa dhikaadha'a, innille gara
keessan hin dhikaata. Isin cubbaaleyyiin, harka
keessan qulqulleeffadha'a. Isin worri yaada
lamaa, gadhaa keessan qulleeffadha'a.
9 Laaleffadha'a, gadda'a, bowa'a! Kolli keessan
gara gaddaa, gammadi keessan gara bowiisaa ji-
jjiiramuu ti.
10 Goottaa duratti gad ifi qaba'a, innille ol isin
hin qaba.

### *Akka Wolitti Hin Murre Ifi Eeggachiise*

11 Obboleeyyan tiyya, waan hantuu wol irratti
hin dubbatina'a! Nami waan hantuu obboleessa
irratti dubbatu yookiin obboleessa ifiititti muru,
seera irratti hantuu dubbata, ittille hin mura; ati
seera irratti yoo murte ammoo, nama seera irratti
muru malee, nama seera hujii irra oolchuu moti.
12 Ka seera baasuu fi murulle Waaquma
tokkocha; ka fayyisiisaa fi balleessiisa dande'ulle
isuma calla'a; ati ka namatti murtu eennu ree?

### *Ifi Jajuu Irraa Ifi Eeggachiise*

13 Isin worri, «Adha yookiin boru qachaa akkasi-
itii fi akkasii dhandhee woggaa tokko achi turra,
hin daddalanna, bu'aalle keessaa buufanna» jet-
tanu, caqasa'a!
14 Isin waan boru te'u hin beettanu; jiruun
teessan maan? Isin akka hurrii yennaa diqqo'oof
mudhattee deebitee badduu ti.
15 Addee san, «Yoo Goottaan jedhee fi yoo ji-
raanne, kana yookiin san hin goona» jedhuu mal-
tane.
16 Amma ammoo isin hin koortan, ifille hin
jajjan; ifi jajuun akkasii duudiin hantu'u.
17 Nami waan dansaa godhiisa adoo beekuu, hin
goone, godhuu dhabiis isaa cubbuu itti teeti.

# 5

## *Ifi Eeggachiisa Dureeyyi'iif Kenname*

1 Amma isin dureeyyiille caqasa'a! Gaddi waan
isinitti dhufaaruuf, wiiccifadha'aa bowa'a.
2 Karri teessan alootteerti; woyaan teessanille
bili'iin* nyaatanteerti.
3 Worqi'ii fi meetiin† teessan ciilteerti; ciilli
isaanii kun isin irratti dhugaa hin baya, akka
ibiddaalle foon nafa keessanii hin nyaata. Guyy-
oota gara muumme'ee kana keessatti karra wolitti
qabattaneertan.
4 Caqasa'a! Worra fichaa keessan haamaa
ooleef mindaan isin kaffaluu dhaddane isin irratti
iyyiisatti jira; Goottaan Waan Mara Dade iyyansa
isaanii dhage'eera.

---

* **5:2** *Bili'iin:* Qooqqanna'aan † **5:3** *Meetiin:* Birriin sibiilaa

5 Isin qanani'ii fi gammadaan lafa irra leeta-
neertan; guyyaa itti qalantanuuf ifi gabbifatta-
neertan.
6 Isin nama balchaa isin hin morminetti murta-
nee ijjeettaneertan.

*Rakkinna Keessatti Ossatuu*

7 Obboleeyyan tiyya! Haga Goottaan deebi'ee
dhufutti ossadha'a. Qonnaan bulaan tokko haga
latti isaa bokkeya matoomaatii fi eege'ee dhaggat-
tutti ossataa, midhaan gatii-qabeessa fichaan isaa
kennu, akka inni eegatu ilaala'a.
8 Isinille akkasuma ossadha'a! Guyyaan Goot-
taan dhufu waan dhikaatteef, gadhaa keessan
jabeeffadha'a.
9 Obboleeyyan tiyya! Akka isinitti hin muranne
wolitti hin gungumina'a! Kunoo yennaan abbaan
mura'aa dhufu geetteerti.
10 Obboleeyyan tiyya! Marroo rakkatiisaatii
fi ossatiisaa, raagota maqaa Gootta'aatiin dub-
batane akka fakkeennaatitti fudhadha'a!
11 Worra ciniinnatee ossaa ture san, nuuti
akka worra badhaadheetitti isaan ilaalla. Iyoob
attam akka ciniinnatee osse dhageettaneertan;
muummee irratti waan Goottaan godhe dhaggi-
taneertan; sababille Goottaan marara'aa fi gadhi-
laafessa.
12 Obboleeyyan tiyya! Waan mara caalaa hin
kakatina'a! Ol-gubba'aan yookiin lafaan yookiin
waan dhibiille'een hin kakatina'a! «Eetiin» teessan
eeti, «Waawwoon» teessan waawwoo teetuu ti. Yoo
akkas hin te'in, isinitti hin muranti.

*Daadimata Dhugeeffanna'aa*

13 Odduu teessan nami rakkatiisatti jiru jiraa?
Inni daadimatuu ti! Nami gammadeeru jiraa?
Inni faaruu galataa faarfatuu ti.
14 Odduu teessan nami dhibameeru jiraa? Inni
jaarsolee wolde'a kiristaanaa waammatuu ti;
isaan maqaa Gootta'aatiin zayitii issanee isaaf
daadimatanuu ti.
15 Daadimannaan dhugeeffanna'aan godhantu
dhibamaa hin fayyitti; Goottaalle dhibee irraa isa
hin fayyisa; yoo cubbuu hujee jiraatelle araarri
hin kennamaaf.
16 Tanaaf akka dhibee irraa fayyitanuuf, cub-
buu teessan wolitti himadha'a, woliifille daadi-
madha'a! Daadimannaan nama balcha'aa hun-
naametti'ii fi bu'aa qabeetti'i.
17 Eliyaas namuma akka keennaatiiyyu; akka
bokkeenni hin roonne yennaa jabeesse daadi-
mate, woggaa sadii fi ji'a jaa lafa sanitti bokkeenni
hin roonne.
18 Yennaa inni deebi'ee daadimate ammoo, gub-
baan bokkeya kennitee, lattille midhaan baache.
19 Obboleeyyan tiyya! Isin keessaa nami tokko
dhugaa irraa goreeruun, nami dhibiin dhuga'atti
yoo isa deebise,
20 ka nama cubbaalessa cubbuu irraa deebisu,
lubbuu nama cubbaalessaa du'a irraa fayyisee,
cubbuu heddu'uufille akka inni araara dhaggatu
akka godhe beekuu ti.

---

**5:14** Mar. 6:13 **5:20** 1 Phex. 4:8

# Kitaaba Woyyuu

## Oromo, Borana-Arsi-Guji: Kitaaba Woyyuu (Bible)

copyright © 2025 The Word for the World International

Language: gujii

Contributor: Bible Society of Ethiopia

This translation is made available to you under the terms of the Creative Commons Attribution Share-Alike license 4.0.
You have permission to share and redistribute this Bible translation in any format and to make reasonable revisions and adaptations of this translation, provided that:

- You include the above copyright and source information.
- If you make any changes to the text, you must indicate that you did so in a way that makes it clear that the original licensor is not necessarily endorsing your changes.
- If you redistribute this text, you must distribute your contributions under the same license as the original.

Pictures included with Scriptures and other documents on this site are licensed just for use with those Scriptures and documents. For other uses, please contact the respective copyright owners.
Note that in addition to the rules above, revising and adapting God's Word involves a great responsibility to be true to God's Word. See Revelation 22:18-19.

2025-05-02

---

PDF generated using Haiola and XeLaTeX on 2 May 2025 from source files dated 2 May 2025
61e71359-af4b-50d9-8600-a11d0dea133e